**<u>Daangaa biyya uk tti argameera, filannoon ani qabu maal?</u>**

**<u>Adeemsa iyyannoo koolugaltumma daangaa irratti</u>**

Passpootrii ykn woraqaa seera qabeessa imalaaf gargaaru yoo hin qabne carraan tokko ati qabdu koolugaltummaadhaaf iyyannoo galfachuudha. Hanga danda'ameen kana gochuun isiniif gaarii ta'a.  Buufata daangaarra yoo geette namoota buufata irra hojjatanitti beeksisi. Konkolaata meesha fe'u keessa jirta yoo ta'ee fi daangaa irra ceete karaan salphaan koolugaltummaa gaafattuun Poolisiidhaaf bilbiluudhaan. Hojjatoota buufaticha keessa hojjataniif akka koolugaltummaaf iyyachuu barbaaddan ibsuufi qabdu kana gochuufis mirga guutuu qabdu. San booda af gaafii duraa achuma buufata  irratti  hojjataa dhimma baqataatiin isiniif godhama. Af-gaafichi hanga sa'aatii 4 fudhachuu danda'a.

Tasgabaahuun bayeessa waan ta'eef tasgabahuudhaaf yaalii godhi. Sagalee kee hedduus ol hin kasin, bifa kabajjaa namaaf qabuun dubbadhu, waan gootu hunda keessatti akka seera hi cabsine eeggadhu.

Hojjataan Home office yeroo af-gaafii gootutti yaadannoo ni barreeffata. Garagalcha af-gaafichaa fudhachuu hin dagatinaa **hedduu isin barbaachisa** waan ta'eef.

Right to Remain marsaariiti jedhamu irratti gorsa fi odeeffanno af-gaafii duraa ilaalchisee barbaachisaa ta'etu jira waan ta'eef seenuudhaan ilaalaa. https://righttoremain.org.uk/toolkit/screening/ odeeffanno afaanota garagaraan barreeffame waan jiruuf ni argattu. Af-gaafichi duraa wolitti dhufeenya fuldura Home Office wojjiin gootaaniif murteessaa waan ta'eef haalaan qalbeeffachuun barbaachisaadha.

Iyyannoon koolugaltummaa buufata daangaa irratti dhiyeeffattan isin jalaa kufuu kan danda'uu:

-Kanaan dura biyya UK keessaa darbamteerta (humnaan) yoo ta'e
-Tajaajila fayyaa biyyooleessa (NHS) irraa liqaan  £500 ol yoo sirra jiraate
- Hojjataan immigireeshiinii dhimma kee irratti, amantaa yoo hin qabaannee fi ragaleen ati dhiyeessite koolugaltummaa iyyachuuf yoo sababa gahaa miti jedhee yoo amane

**Murtee diddaa seensa biyya irratti ol iyyachuu**

**Mirgoota kee beeki:** Passportii sobaatiin iyyannoo kolugaltummaaf iyyatteerta yoo ta'e hin sodaatin.  Keeyyanni 31, riifuujii kawunsilii (**Article 31 of the Refugee Convention)** namoonni yoo balaa hamaan itti aggamame biyya irraa bahuuf woraqaa sobaatiin deemun akka danda'amu

Qorattooni Refugee Info Bus odeeffannoo kanneen kan wolitti qaban, madda amanamoo irraayi. isaanis Right to Remain, Refugee Council and Europa.EU kan jedhamaniidha. Woraqaan kun kan isin gargaaru malee iyyannoo koolugaltumma ilaalchisee gorsa seeraatiif hin oolu. Seerri koolugaltummaa ni jijjiirama, dhimmi martuu gargara. yoo kan shakkiin isinitti bulu ta'e ogeessa seeraa dubbisaa.

ni rageessa. Dhimmichi kun namoota karaa buufata xayyaara biyya UK tiin seenanifis yaadachisa barbaachisadha.

**<u>Lakkoofsa bilbilaa barbaachisoo</u>**

Dhaabbanni Migrant Help gargaarsa gaarii kenna waan ta'eef lakkofsa isaanii qabaachuun barbaachisaadha. Biyya UK keessatti gorsaa fi gargaarsa garagaraa kennu.

Migrant Help: **0808 8000 630 / [ah@migranthelpuk.org](mailto:ah@migranthelpuk.org)**

**<u>Mootummaan UK namoota bidiruu irratti qabaman gara faransay deebisaaru</u>**

Hogganaan Home Office Sajid Javid  namoota kaaba biyya faransay irra bidiruu yaabbachuudan gara UK imalan gara biyya faransay akka deebi'an taasiseera. Biyya faransay keessatti ashaaraa qubaa isin irraa fuudhaniiran yoo ta'e, Home Office dataa keessa barbaaduudhan hatattamaan gara biyya faransayiitii isisn deebisuu mala.

Hiriyyoonni, miseensonni maatii kee ykn fuukki feesbuukii Refugee Info Bus gara UK seenu keessan, akka seenaartan beeksisaa.Carraan hidhamuu waan isin muudachuu danda'uuf sa'aatii 48 keessatti bakka isin jirtan yoo hin beekne ta'e hidhamtaniirtu waan ta'eef gargaarsa seera akka argattaniif isin gargaaruu danda'u.

**Carraa gaarii! Bakka yaaddanii fi nageenya keessaniif gaari ta'u argattanirtu jennee abdanna.**

Qorattooni Refugee Info Bus odeeffannoo kanneen kan wolitti qaban, madda amanamoo irraayi. isaanis Right to Remain, Refugee Council and Europa.EU kan jedhamaniidha. Woraqaan kun kan isin gargaaru malee iyyannoo koolugaltumma ilaalchisee gorsa seeraatiif hin oolu. Seerri koolugaltummaa ni jijjiirama, dhimmi martuu gargara. yoo kan shakkiin isinitti bulu ta'e ogeessa seeraa dubbisaa.